Barruu Walaabuu

JILDII 9FFAA

“Jireenya Hawwii”

Fuula 1

“Barreessaa Tasfaayee Gabra’aab (Gadaa) Addunyaa kanarraa du’aan boqote!”

Fuula 4

“Ilaalcha hawaasni namoota bakkee irra jiraataniif qabu”

Fuula 6

“Maaliif owwaannaa dhabdee?”

Fuula 10

“Qeeqni dhimma og-barruuf laatamu qoraan itiin barreessaan bilchaatudha”

Fuula 12

BARRUU WALAABUU

JILDII 9ffaa

Qopheessaan

Bilisummaa Shibbiruu Galataa

Odeeffannoof

Bilbila

0920237293

0929428759

Email

abbaaaraarsaa@gmail.com

Telegram

https://t.me/barruuwalaabuu/33

Face Book

Bilisummaa Shibbiruu

Hirmaattonni

Firoomsaa Urgeessaa

Iddoosaa Margaa

Baqqalaa Lataa

Bilisummaa Shibbiruu

Saxaaxa Qolaa

Yeroosan Tulluu

0918890681

Ergaa Barruu walaabuu

Barruun walaabuu fiigdees tirattee Jildii 9ffaa qaqqabdee jirti; haaluma kanaan imala hedduus fuulduratti deemuuf Kaayyoon imalaa jirti. Isa kanaaf immoo akkuma kanaan duras itti jirtan dubbistanii yaadaaf qeeqa kennuun gama dubbistootaa immoo waan guddaadha.

Kaayyoo Barruu Walaabuu

Barruun walaabuu kan inni hundeeffameef barreesitootaaf Aartistoota oromoo kamuu dabalatee, namoota ogummaaf yaada faayidaa qabeessa qaban hirmaachisee yaada isaanii kanammoo hawaasaaf dubbistoota oromoo qaqqabsiisuudha!

Akkasumallee duraan barruun Walaabuu yeroo hundeeffamu bifa barruu (hard copy) dhaan akka hawaasaa oromoof dubbistoota qaqqabu yaadameetu ture; ta'us garuu hammaan kana sababa hi'ina baajataatiin bifuma PDF tiin isin qaqqabsiisaa jirra. Haa ta'uyyuu malee fuulduratti Abjuu Barruu Walaabuu Bifa barruutiin Dhiyeessuu qabannee imalaa jirra!


Hubachiisa

Barruun walaabuu nama kamuu bilisaan kan hirmaachisudha malee yaadaaf kaayyoo murna tokkoo qofa kan calaqqisiisu akka hin taane bareechaa Hubadha!

Deeggarsa Barruu Walaabuu

Yaada asirratti dhiyaatu dubbistanii yaadaaf qeeqa nuuf laadhaa; akkasumallee hiriyoota keessan affeera!

Akkasumallee namoonni ogummaa saxaaxa qabdan deeggarsa nuuf ta'uudhaan nu faana hojjechuu dandeessu nu gargaaruuf teessoo qopheessaan nu quunnamaa!



“Jireenya Hawwii”

Firoomsaa Urgeessaa

(Yuunivarsiitii Haramayaatti Barataa yaala Sammuu)

Namoonni hedduun jireenya har'a jiraachuu dhiisanii jireenya hawwii jiraatu. Kan nama gaddisiisu yeroo jireenyi isaan hawwaa turan dhufutti isaan hin jiran. Hawwuun gaariidha, hawwii boruutiif jecha har'a jiraachuu dadhabuun garuu hawwiin sun yoo raawwates qaamni hawwaa ture sun waan hin jirreef hawwiin kophaa isaa akka hafu taasisa. Dhalli namaa uumamumaan hawwiif saaxilamoodha. Nama ta'ee kan hin hawwine hin jiru. Daandiin gara hawwiitti geessu garuu namoota iddoo lamatti hira.

1, Warroota hawwii sana bira gahuuf waan hawwii sana bira akka gahaniif isaan dandeesisu hunda rawwatan fi

2, Warroota waan hawwii sana bira akka gahaniif isaan dandeesisu osoo hin rawwanne, hawwiin isaanii sun qofti gara isaanitti akka dhufuuf eegan.

Maarree addunyaa kanarra namoota gosa laman kanatu guute. Warroonni lakkofsa 2 jalatti argaman waan sammuun isaanii akka hawwaniif isaan ajaje hunda ni hawwu. Hawwii sana argachuuf garuu wanti isaan godhan hin jiru.

Xiyyaara balaliisuun hawwii isaanii yoo ta'u barumsa damee Injineeringii barachuuf garuu fedhii tokko hin qabani. Fuulduratti hayyuu ta'uuf hawwu, beekumsa hayyootaan kennamaniif garuu iddoo hin qaban. Bulchaa biyya tokkoo ta'uuf hawwu,daandii gara bulchiinsatti nama geessu irra imaluuf garuu obsa hin qaban. Qabeenya guddaa horachuun hawwii isaaniti, qabeenya xiqqoo amma qaban garuu ni gatu. Konkolaataa manaa ishee gaarii taate kan mataa isaanii qabaatanii konkolaachisuun hawwii isaaniti, konkolaatan sun garuu ofuma isheeti gara isaanii akka dhuftu fedhu. Warroonni kun waan hawwan sana milkeessuuf waan hin tattafanneef, milkaa'ina warroota hawwii isaanii gochaan deggaranii dhagahuu fi ilaalu malee milkaa'ina mataa isaanii yeroo kabajan hin mul'atu.

Tarii biyyoota albudoota hedduu qaban keessatti carraa akka tasaa nama mudatuun namoonni dhagaa gatii jabeessa yookiin Warqee fi meetii akkasumas meerkurii fa'a argachuudhaan jireenyi isaanii yeroo gababaa keessatti jijjiramu jiraachuu danda'u. Namni carraan lotorii isa qaqabes haalli jireenya fi qabeenya isaa bifa kana dura ture irraa geddaramu danda'a. Carraan tasa bifa kanaan nama muudatu jireenya namaa keessatti jijjirama uumu kan danda'u yoo ta'es parsantiin nama qaqabu isaa baay'ee xiqqaa waan ta'eef abdiin kan irratti gatamu miti. Wanti akka carraa nama muudatu waan hawwineef yookiin waan dhifneef miti kan nu qunnamu.

Carraan carraadha. Daandii mataa isaa irra deema. Hawwiin immoo kan biraati.

Har'a teesse qarshii kuma kudhan osoo argadhee jettee yoo hawwite, sababa ati hawwite qofaaf qarshiin sun gara kee hin dhufu. Wanti hawwii sana milkeessu hojjatamu qaba. Dandiin hawwii sana milkeessuuf irra imalamu namootaa namootatti gargar ta'uu danda'a. Tokko qarshii sana argachuuf waan ta'e bitee gurguree sana booda bu'aa isaa irraa argaachuuf karoorsu mala. Tokko immoo qarshii sana argachuuf hannaa fi saamichatti fayyadamu danda'a. Kanneen biroo immoo nama irraa kadhaachuu fi gaafachuudhaan qarshii sana argaachuuf yaaluu. Kan hafanis hojii fi tooftaalee biroo kan qarshii sana akka argaataniif isaan dandeesisan fayyadamuu malu. Namoonni kunneen hunduu karaa isaanitti fayyadamanii qarshii barbadan hundas argaachuu yoo baatan hanga ta'e argachuu danda'u. Namoonni osoo waan tokkos hin rawwatin qarshiin sun akka isaanitti dhufuuf hawwaan immoo qarshiin miila biqilchee gara isaanii dhufuu waan hin dandeenyeef qarshiin isaan hawwanii fi isaan akkuma wal dhabanitti hafu. Hawwiin isaanii hawwii ta'ee hafa jechuudha.

Xiyyaara balaliisuu kan hawwitu yoo ta'e akka hawwaa jirtu situ beeka malee xiyyaarichi siin hawwamu isaa wanti inni beeku hin jiru. Tattaffiiwwan ati achi gahuuf gootudha kan xiyyaarichi akka si baru fi atis akka sirritti isa bartu si taasisu. Kanaaf hawwiin kee akka siif dhugoomu ni barbaadda yoo ta'e hawwii gochaan deeggari.

Namni muka yaabuun isa gammachiisu, muka koree fiixee mukaa irra taa'uu qofa miti kan isaaf gammachuu laatu. Adeemsi muka yaabuuf taasisu ykn muka shophuun sunis isaaf gammachuudha. Atileetonni kamuu fiigicha moo'annoodhaan yoo xumuran gammachuu ni ibsatu. Garuu osoo hin fiigin osoo badhaafamanii akkasitti waan gammadan sitti ni fakkataa? Lakki! Hin gammadan! Gammachuun 1ffaa bahuu qofa osoo hin taane adeemsa 1ffaa bahuudhaaf taasisan san keessas ni jira. Gaafa fiiganii moo'atan gammachuu guutuu qabaatu. Aarsaa keessa dabarsanii injifatan santu isaan gammachiisa,dafqa isaan dorgomichaaf dhangalaasantu baadhaasicha isaanitti mi'eessa.

Obsa isaan fiigichicha keessatti mul'isaniidha kan xumura irratti akka fuulli isaanii ifee kolfan isaan taasisu. Osoo iddoo fiigichi itti xumuramu qofa gahuun fiigichaaf moo'annoo kan ta'u ta'ee fi gammachuu dhugaa kan nama gonfachiisu ta'eetii,silaa abbaan barbaade yoo fiigichi dhumuudhaaf fageenyi gabaaban hafu gara fiigichichatti dabalamee moo'adheera jedhee gammachuu isaa ibsachuu ni danda'a ture. Garuu akkas miti dhoksaan gammachuu inni guddaan ifaajuu keessa jira.

Osoo hin lolin moo'icha kabajuun mii'aa guddaa hin qabu. Bu'aa ba'ii lolicha keessatti dabarsiteedha kan moo'annoo lolaatti akka gammaddu si taasisu. Waan tokko bu'aa xumura irratti argamu qofa irratti xiyyeeffachuu osoo hin taane adeemsi xumura bira gahuuf keessa darbamus xiyyeeffannoo barbaada.

Boru qofa hin jiraatin. Har'as jiraadhu! Nama waan boru hojjachuu feetu karoorsu qofa hin ta'in, nama waan har'a hojjatus qabu ta'i. Ija bareedaa boru haammachuudhaaf hawwitu har'a facaasu qabda. Eenyummaa kee isa borutti barbaddu har'uma ijaaruu eegali. Har'a

dhiisanii boru qofa jiraachuun itti gaafatamummaa akka baqatan nama godha. Nama itti gaafatamummaa baqatu immoo waa baay'eetu isa baqata.

Waan hawwitu argachuu ni feeetaa? Maarree hawwii qofaa isaa hin dhiisini waan hawwwii sana bira si geessu ammuma irraa hojjachuu eegali. Laga ce'uun hawwii kee yoo ta'e, tarii har'atti riqicha lagicha ittiin ceetu ijaaruun kan sitti cimus yoo ta'e, mukkeen ijaarsa riqichaatiif ta'an har'a irraa ilaaluu eegali. Jabbii mana keessaa mar'attu barbaadda yoo ta'e, sa'a jabbii sanaaf haadha ta'u dursitee bituun akka si barbaachisu hin dagatin.

Dandii dheeraa deemuudhaaf karoora qabda taanan dandiiwwan gaggababoon hedduu walitti dhufanii dandii dheeraa ati hawwitu sana bira si geessudhaaf akka humna qaban yaadadhu. Warroonni kaleeessa bifa barbaadamuun jiraatan har'a isaanitti ni gammadu. Warroonni boruu isaanitti gammadanis kanneen har'a bifa har'i barbaadduun jiraatan ta'uun isaa waan shakkamu miti.

Kalaqaa fi qaroomina har'a dachee uuffisee argamu kanneen gumaachan, warroota hawwanii qofa dhiisan osoo hin taane, namoota hawwii fi mul'ata isaanii gochaan utubaniidha. Toomas Edisan ampuulii tolchuudhaaf hawwee qofa dhiiseera osoo ta'eetii tarii dhaloonni bara isaa fi isa boodas ibsaa osoo hin argatiin yeroo hanga ta'eetiif rakkachuun waan oolu miti. Garuu inni hawwee qofa hin dhiifne, hawwii isaa dhugoomsuudhaaf waan barbaachisu hunda kanfalee ifa halkanii namootaaf saaqe. Dhaloonni dhufus akka isaaaniif hawwinu osoo hin taane, akka isaaniif hojjannu barbaadu. Hawwiin qofaa isaa hawwii ta'ee akka hafu hin godhin. Hawwii gargaariitii hawwiin kee akka dhugoomu taasisi.



“Barreessaa Tasfaayee Gabra’aab (Gadaa) Addunyaa kanarraa du’aan boqote!”

Uummanni oromoo saba gara leefessa firaaf diina jedhee nama adda hin baafneef nama bineensa bosonaaf illee gara laafuma jabaa qabudha. kana biraan oromoon dhiiga isaatiin alattillee lammii ormaa isatti baqate hundumaa kununsee guddiisee, guddifachaadhaan akka dhala isaatti lakkaawwata. Nama oromoon diidaa itti gallaan guddifate gaafa maqaa isaa kaafnu Tasfaayee Gabra’ab (Gadaa) adda durummaadhaan kaasuu dandeenya.

Tasfaayee Gabra’aab dhalootaan ilma Gudeeda oromoo irraa dhalate ta’uu baatuyyu, nama oromoo jaalatuuf oromummaa jaallatee jireenya oromiyaa filatee itti godaane akka ta’ee namaaf gaaffii miti. Haa ta’uutii tasfaayeen oromoo jaalachuu bira darbee rakkoo abboota hirreetiin oromoo irra gahe gama og-barruutiin caqasuu keessatti nama olaanaadha. Kanaaf har’as oromoon du’aatii isaa akka du’aatii ilmoo isaatti gaddee dybbate. He waan hundumaaf iyyuu seenaa isaa gabaabbinaan akka armaan gadiitii haa ilaallu.

Tasfaayee Gabra’aab Hagayya 22 bara 1960 maatii Lammii eertiraa ta’an irraa kutaa oromiyaa shawaa bahaa Bishooftuutti dhalate. Maatiin Tasfaayee Gabra’aab Lammiilee Eertiraa yoo ta’an iyyuu, magaalaa bishooftuu buufatanii aachitti ijoollee horani.

Tasfaayee Gabra’aab ijoollummaa isaatiin nama hojii og-barruuf jaalala qabu yemmuu ta’u, gara xummura mootummaa Mangistuu Hayilamaaram (Dargii) jala gahee waraanatti makamuudhaan nama leenjii loltummaa qabu yemmuu ta’u, osuma inni kanaan jiruu humni finciltoota TPLF dargii kuffisuudhaan magalaa guddittii oromiyaa finfinnee qabate. Kana booda Tasfayee Gabra’aab ADWUI waliin magaalaa finfinnee dhufuudhaan, gosa ogummaa gaazexeessummaatiin tajaajiluu eegale.

Tasfaayeen uummata oromoofi magaalaa keessatti dhalate Bishooftuu hedduu jaalata ture. Jaalala oromoof oromummaa irraa qabuu irraa kan ka’e illee oromoomee maqaa Afaan oromoof oromoo biratti kabaja qabu GADAA jedhu moggaafachuu danda’e. Tasfaayeen Gama hojii isaatiin dhaabbata Press Ethiophia keessatti hojii gaggeessaa olaanaa ta’ee tajaajileera. Akkasumallee abjuu isaa ganamaa kan ta’e og-barruudhaan illee kitaabilee, hedduu barreessee maxxansee uummata biraan gaheera!



Fakkii 1 kitaabilee Barreessaa Tasfaayee Gabra’aab

Tasfaayeen gara boodaa keessa mootummaa biyya bulchuun wal dhabuu isaa irraa kan ka'e biyya gadi dhiisee, gara biyyoota olla itoophiyaatti imaluudhaan keeniyaa, afriikaa kibbaa, neezerlaandi fi biyyoota biroo keessallee jiraateera. Biyyoota kanneen keessas kan inni jiraate jiruu boqonnaa qabu oso hin taane baqattumaan jiraachaa ture. Sana booda garuu gara biyya dhaloota maatii isaa Ertiraatti deebi'uudhaan, hojii og-barruu irratti xiyyeefate. Egaa akkuma beekamu tasfaayee kitaaba isaa 'Ye burqaa zimmitaa' jedhuun wal qabatee qeeqaaf jibbiinsi jabaan warra dhugaan oromoo akka mul'atu hin jaalanneen isa mudatees jira.

Egaa akkuma oromoon yeroo mammaaku "jabaan du'a hin oolu" jedhu sana Tasfaayeen dhukkuba isa mudate osoo yaalamaa jiruu Amajjii 16/04/2014 ALH tti addunyaa kana irraa boqote. Boqochuu isaa kanan uummanni oromoon hedduun yeroo gadda itti dhaga'amu karaa sabhimaalee garaa garaa yoo ibsatu, warri durumaan iyyuu dhugaa oromoo awwaaluudhaaf tayee sobaa dhahuudhaan beekamu du'aan huccuu keessatti du'e Tasfaayee Isa seenaa dalagee darbe akka waan duuti namaaf ooluu Gammachuudhaan Fuula Miidiyaa hawaasaa guutani.

Oromoon inni dhala namaa mitii bineensa bosonaaf illee gaddu immoo gadda isaa haalaan ibsatee jaalalaaf kakaba dhala namaa kamiifiyyuu qabus mul'ifateera!

Barreessaa Kabajamaa Tasfaayee Gabra'aab (Gadaa) jeennatni isaa daadhii haa dhugu; maatiif firoottan isaa akkasumas saba isa guddisee uummata oromoof Barruun Walaabuu Jajjabina Hawwa!



“Ilaalcha hawaasni namoota bakkee irra jiraataniif qabu”

Baqqalaa Lataa

(Barreessaa)

Harka fuune maatii Barruu Walabuu hundumaaf nagaan keenya bakka jirtan hundumaattii isiniif haa baay’atu jechaa, kutaa kana keessatti akkuma hawaasni keenya ittiin hubatee “maraatuu” jedhee waamu osoo hin taane nama rakkoon miitee jiruu isaa namoota kaanii gadi goote, kan yeroo hammaa gargaarsa dhabee daandii gubbaa jireenya gadadoo jiraatu tokko seenaa isaafi haala rakkoo is mudate hundumaa qabannee isiniif dhiyaannaa dubbisaan dhaamsa keenya!

Akkasumallee yoo miirri namummaa isinitti dhiyaateef miciraan namummaa yoo sammuu keessan keessa jiraate nama kana waan dandeessanii gargaaraan dhaamsa keenyadha. Akkasumallee namoonni nama kanaaf quuqama qabdan karaa teessoo qopheessaa barruu walaabuun nu quunnamaa. Seenicha kan qindeesse barreessaa Baqqalaa Lataati itti dhiyaadhaa dubbisa gaarii!



“Ani maraataa miti; isintu maraatadha”

Hasan Muhaammadnuur Huseen

(Jiraataa Karaa Gubbaa)

Ayyaanaafi gaaddisa Sooretu galaanafi bidiruu hanqaqqaalame na yaabsisa malee, silaa gaafan manaa ba’u, labsiifi seera biyyattii tanaa cabseen maraataa keessummaa godha jedheen ture. Seera uumaa akka hin taane, uumaan hammeenya akka hin qabneefi lama akka isaan hin miine mil’uuwwan guyyaan arginurraa qalbiin keenya ni sooratti. Haa ta’u malee, uumamteen uumaa kun ammoo, yeroo baay’ee namoota harka qalleeyyii……, qaama miidhamtoota, maraataafi kanneen jiruufi haqaaf falmachuun maraataa isaan taasiste akka nama sadarkaa lammaffaa uumametti ilaalu.

Keessumaayyuu namootni danuun keenya, yeroo namoota jireenyifi mootummaa gabroomfataan garagaraa jiruun ala

taasisan uffata darsa yookiin xuraawaa uffatanii harka nutti qaban, akka uffatichi utaalee nu ciniinuu, hifannaafi nyaara guuruun ofirraa darbanna. Kunis carraa jireenyati malee nama ta'ee kan dhalate, guyyaa dhalatu, sanyii namaatti ramadameeti malee bineensatti madaqee miti.

Kan biraa achi yaa hafuu, biyya kana keessatti miidiyaafi barreessitootni dhuunfaas namoota akkas yoo affeeran seeraafi labsii biyyatti santuu cabaa……., seera uumamaatuu dhoorkaa anaaf hiibboo hillima cincilaati. Eeyyee, sirriidha garuu, biyyumti kunuu ammoo namoota aangoo qabaniifi uffata sirnaa yookiin suufii uffataniif malee namoota akkasiif yoom iddoo kennitee beekti?

Seerafi labsii isheetu jalaa caba. Eeyyee utuu seerri isaanii jalaa hin cabnee namoota harka qalleeyyii karaarraa……. taa'aniifi jiruun maraachite mirga walqixxummaa laataniif miidiyaatti keessummaa godhatanii affeeru.

Akkuma isa suufii uffate cidhaafi gammachuu keessan yaamtanii cooma mursiiftanii dhiichistan kadhattuus cidha affeertu ture silaa. Jiruufi sammuun dachii sanarratti akkas nama goggooti. Yaa ta'u! har'a labsiif seera biyyattii kana cabseen nama jiruun maraache maraataa tokko keessummaa godhe. Mee eenyu jedhamta? Eessatti dhalatte? Akkamiin karaatti baate? jedheen gaaffii tarreesseef. Innis dabareesaa akka armaan gadiitti naaf tarreesse.

Dargaggoo Hasan Muhaammadnuur Huseen jedhama. Godina Jimmaa aanaa Gommaa, magaalaa Limmuu shaayii jedhamtuttin dhaladhe. Yaa ta'u malee, dachiin Jimmaa akka handhuura koo awwaalte, garaa naaf laaftee na nyaachiftee, na obaastee, natti uwwistee, ofirratti na guddistee dhalootaaf na laatuuf carraa naaf hin laanne. Na deesseetu mutuu koofi kufuu koo utuu hin argin na abaartee tuftee ofirraa darbattee na gatte.

Dachee kanarrati dhaladhee, akkuman ji'a sadii guuteen haati koo aadde Zulfaa Abraar du'aan narraa godaante. Kanumaan obboleettiin koo na fuutee akkawoo koo Walisoo jirtutti na geessite. Dachiin Walisoos akka kan ishee handhuura kootii utuu hin taane, carraa koo dukkana dimimmisaa natti abjootee yeroof garaa naaf laaftee……. kunuunsitee na soortee tobtooba sobaa handaara naaf laatte. Akkuma lammii kamuu naman ta'a jedheen barumsas galee barachuu eegale. Yoon duubee koo har'aa saayinsii raa'iin hin ilaalin.

Haa ta'u malee, carraan koo garaa jabeettittiin guyyaan addunyaa tanatti mul'adhu irraa kaastee kudhaama taatee mormatti na kaawwamte hiikkoo naaf dhabdee…… akkawoon koo na barsiisaa turtes na duraa boqotte. Yaballi koo inni dukkanaa isa duraarra amma natti caale. Akkuma ta'e ta'een, ilkaan koo olii fi gadi walitti ciniinee barumsa kootti cichee baradhe. Carraafi jireenyi dabaree waliigalanii yaa miilakoo sakaalan……. malee, ani guyyaa tokko jilbiinfadhee barumsa kootti laafee hin beeku ture. Daree koo keessaa yeroo hunda sadarkaa 1^{ffaa}-3^{ffaa} ba'a. Haaluma akkasiin utuun adeemu kutaa 10^{ffaa} qormaata biyyoolessaaf qophaa'e. Qormaata koos fudheen hawwii milkii gaariin firii qormaata koo eeggachuu eegale.

Haa ta'u malee, anatu carraan koo salphattuun sun garaa naaf laaftee na milkeessitii jedhee abdiin eeggate malee isheen edaa guyyaan dhaladherraa kaastee hanga guyyaa du'a kootti kudhaama ishee natti kaawwatte. Qabxiin koo kutaa 10^{ffaa} qormaata biyyoolessaa sababa hin beekamneen baay'ee gad bu'e.

Sana booda hoo akkam taate?

Sana booda qalbii abdii kutannaatu natti mul'ate. Kunis sababa qabxiin koo gad na jalaa bu'eef utuu hin taane, carraan koo ganamarraa na eegaltee yoomuu akka naaf

hin araaramnen bare. Kanumaanan waa dachiin faana koo waliin waliif hin gallee laata jedhee of jajjeebeessee yaadafi qaama koon jooraa dachii jijjiirrachuuf gara magaalaa Finfinnee qajeele.

Finfinneetti hoo maaltu si mudate?

Saayinsii Qamaleetiin, Jaldeessi doobbii irraa gara Goondaa diimtutti dhaqee akka irra gangalatu ta'ee, Jaldessi ittuu gubadhe, ittuu gubadhe jedhe mitiiree? Shaggar gara jabeettiidha. Yoom hiyyeessafi saba koof garaa hirte? Shira xaxxee jabaattee ofirraa na dhoorkite. Taaksii qarshii lama irraa eegalee hanga masaraa Kiiloo Afuriitti kan naaf tole tokko hin jiru. Warri taaksii konkolaachisan qarshii lama qofa narraa fudhachuuf jecha "Hulluuqqoo kormaan deemaa yoon jedheen Zannabawarqii argattaa koottuu kori….." naan jedhanii na fe'u. "Hurufa Raareen deema" yoon jedheen "Keenteeriidhaa argattaa koottuu kori" naan jedhu. "Sokorruun deema" yoon jedheen "Alamganaadhaa argattaa koottuu kori….." naan jedhu. Utuma hihhiiqan gara Sabbataa na geessuuf jiru. Ani Zannabawarqiifi Warqazaboo isaanii eessattan beekaree? Ayi yaa shaggar!

Boodarra akka ta'e ta'een, akkuma namootni hamoon jiran gaarinis jiruutii gurbaa dargaggeessa Afaan koo dubbatu tokko argadhee…., iccitii koo guutuu itti himnaan inni fuudhee iddoon barbaadu na geesse. Sokorruu! Aniifi Sokorruun waliif jireenya, waliif uffata, waliif beela…., waliif dheebuu taanee waggaa kudhan, hanga bara 2010 tti waliin jiraanne. Guyyaa ba'aa namootaa kan Harreen hin baanneen baadhee asiifi achi geessefii qarshii muraasa argadha. Qarshiin dhuftu sun muraasa waan taateef……., buskuuta garaa koo irraa haftee nan qusadhaan abjuudha. Halkan iddoo hirriibaa hin qabu waan ta'eef, akka waardiyaa karra namaa yookiin (barandaa) jalan bula. Waardiyaadhaan garaagarummaan koo inni qacaramee mindaa itti argachuufi itti gaafatamummaa…… qabaachuusaati. Qorraan ammoo hiriyaa dhugaa isa eenyu adda hin baasne taanee afaan tokko dubbachaa waliin jiraanne.

Yaa ta'u malee, guyyoota jiran keessaa halkan tokko fuula natti jijjiirratte. Cabbiifi bokkaa yandoon na tumaa bulanii halkan guutuu kan miilan ofirra quphanee….. bulerra ganama barii yoon ka'u qaamni koo guutuun narraa harca'uuf hoollatu.

Gaafa kana ammas kan carraankoo abaaramtuun sun akka jinnii natti kaatee Shaggar irraas abdii kutadhee ba'uuf murteesse. Silaa faanni koo dandeessuun itti murtaa'e….. sun dadhabe hin jettuutii gara isheen na ooftetti qajeele. Qarshiin konkolaataan yaabbadhu, tokko waan hin qabneef miila kootiin adeemee magaalaa Adaamaa gale. Haala kanaan itti fufnaan….. Ferdinaand Majelaan hiriyaa na godhachuunsaa hin hafu jedheen yaadan ammoo of jajjabeessa.

Adaamatti erga dhuftee ammoo akkam taate?



Adaamaa dhufee akka carraa naannawa ganda Abbaa gadaatti abbaa suuqii tokkotti hiiqee rakkoo koo itti himannaan hanga hojii jalqabuuf jedhee na nyaachisaa, iddoon bulu naaf kennaa na jajjabeessee…. na tursiise. Boodarras qarshiin qalama kophee fa'i ittiin bitadhu

naaf kennee, kanumaan anis naannawa Marfata Daraartuutti…… ijoolleetti hiiqee kophee qulqulleessee of jiraachisuu eegale. Boodarras mucaa Walisoo tokko waliin mana kireeffannee jiraachaa hojii keenya cimsinee hojjachuu itti fufne.

Maal taatetu karaarratti baateree?

Karaarra baate jechuun kee maraatte jechuu keetii? "Eeyyee" ***Ani maraataa miti, isintu maraataadha! Isintuu maraatadha!*** Isin uffata uffattee na bira teessu kanatti amantu. Isin sammuu hin qabdan. Isin qulqullina keessan eegdanii……, diddibattanii baatanii cooma murtanii dhiichisuutti amantu. Sammuu garuu hin qabdan. Isa sammuu qabu, isa hojjetu ni hinaaftu. Teessanii odeessitu. Namni akkakoo jireenyaafi carraan maraate isiniif maraatadha. Harkaan illee na xuquu hin feetan. Beela'ees beela na baaftanii hin beektan. Maraatan isin moo anaree warra uffatatti amanu? Ani maraataa miti…., isintuu maraataadha. Ana sareetu na nyaate.

Naan jedheetu Hasan utuu dubbatee afaanii hin fixatin….. natti mufatee olka'ee harka urgufaa na jalaa fiige. Hasan dargaggeessa baay'ee cimaadha. Garuu jireenyifi carraan waligalteetu karaarra baaste. Adaamatti erga dhufee kophee qulqulleessee jiraachaa utuu jiruu guyyaa tokko qaamnisaa hundi akka ibiddaa gubee qaanqeen akka keessa yaa'aa turen, iyyaafadhe.

Sana booda mana yaalaa altokko qofa deemee akka itti hin furreefi sanaa ol yaallamuuf humna akka hin qabne naaf himeera. Haaluma akkas keessa utuu jiruu……, boodarra wanti hundi itti cimee, karaarratti ba'ee kan argate nyaachufii iddoodhuma arge buluu jalqabe. Hasan sammuun isaa gama barnootatiin baay'ee bilchaataafi kalaqa adda addaa irrattis dandeettii guddaa kan qabuudha. Barnoota Fiiziksiifi Herreega har'aan tana hiikee guduunfa.

Kana malees, gama kalaqaatiin, meeshalee caccaboofi gatamoo kosii irraa guuree bilbila (mobile) hojjachuuf haalli yaalisaa irra jiru baay'ee kan ajaa'ibsiisudha. Akkasumas, wantoota adda addaa kalaqaa akka jiruufi akka kalaqes….., natti himee nama waan shakkuuf agarsiisuuf garuu heyyamamoo hin taane. Gama Oromummaattiis yoo dhufte……., Hasaniif Orumammaan waan hundaa oliidha. Sirni Gadaa ammoo isaaf kudhaamadha. Dandeettiifi seenaan waa'ee gadaa irratti sammuusaa keessaa qabu hayyuu Oromootin wal adda miti. Sirni Gadaa siif maali? jettee yoo gaafatte, "Sirni Gadaa anaaf bilbila kooti" jedha. Hiikasaa isumaaf dhiise.

➢ Guduunfaa

Hasan yeroo ammaa magaalaa Adaamaa naannawa Istaadiyeemii Abbabaa Biqilaa, naannawa marfata Daraartuu, Naannawa W/A/T/Magaalaa Adaamaa fuuldura daandii gara Asallaa geessurra jiraata. Dargaggoonni akka Hasan utuu sammuufi beekumsa qaban……, jiruufi carraan karaatti isaan baastee rakkachaa jiran Oromiyaa keessa meeqatu jiru? Dargaggoowwan akkasii kana hoo nama meeqa keenyatu rakkoo isaanii kana irraa qooddatee sammuufi jireenya isaanitti deebisuuf ifaaje? Lammummaan kana hin oolle maqaan jechamasaa maaliree? Moo isa uffata gaariifi mana gaarii qabutu galaana gargaarsaa daaka? Moo isa aangoo gaarii qabuufi saamichaaf muuxannoo bitatutu daandii kana qajeela? Safuu!



“Maaliif owwaannaa dhabde?”

Iddoosaa Margaa

Barreessaa fi Waloo

Harqitee osoo boossuu
Eelaa sabaa dhukkubdee
Dacheen kun dhiiga keetiif
Maaliif owwaannaa dhabdee ?

Yaa akka ati nuuf taatee
Yaa imimmaan kee kaleessaa
Dhugaan dhiiga kee koode
Nu guba nu ciincessa

Dhiiga kee ishee qulqulluu
Godhan tapha siyaasaa
Qulqulluu lubbuu keetii
Rabbitu gumaa baasa

Jijim jennee callifne
Kunoo akkasaa wallaallee
Boonyee iyyinee harqinee
Qonnee siinis awwaallee

Maal jenna maal dubbanna
Barrisaasoo farroodhaa
Bobbaatiif galmi keenya
Halkan guyyaan yaaddoodha

Koshoshii miilla hindaaqqoof
Fiigna eegee marannee
Sodaa nu keessatti hore
Sodaanna lubbuuf jennee

Maalee yaa Hacaaluukoo
Hacaaluu ilma hundeessaa
Siif yaaduu siinis yaaduu
Hin daganne maal eessaa

Lapheedhaa dhukkubsachaa
Si dharraana si yaadnaa
Akkaataasaa wallaallee
Korkodaadhaan jiraanna

Ergati gaafa deemtee
Imala deebii hin qabnee
Keenyas jireenya miti
Hin waadamne hin ciincofne

Kan duriin daran caalaa
Hunduu jijjiiree bifaa
Guyyaa saafaa dhaanamuu
Ajjeechaaf du'a qofaa

Dacheen abboota keetii
Gajjallaan gubbaaf goodaa
Ni aada nii marrata
Gidiraan taateef qooda

Guyyaa saafaa baasanii
Dargaggeessa kolaasu
Aadda baabayii irratti
Dhiiga sabaa lolaasu

Dhiiga dhiigaaf dhiigutu
Walitti taa'ee diinaa
Kurkursee wal ari'ee
Ajjeessee wal jaji'a

Wanta xiqqoon siin jedhaa
Haceekoo na dhageessaa
Dhugaan dhiiga kee koodee
Sichi biyya balleessa

Ergati gaafa deemtee
Dacheen kunuu hin goolamee
Jiruunuu dhagaa taate
Toopiyaadhaafuu game

Dhiiga kee ishee qulqulluu
Badii malee jigsanii
Tapha daannoo siyaasaaf
Lubbuu kee balleessani

Akkasaan yaadaan garuu
Hin taane ta'uu didee
Jeequmsaaf wal waraansa
Dhugaan dhiiga kee fide

Obboloota kaleessattu
Walitti diina ta'ee
Baazuqaaf arbeejjiidhaan
Guggubee wal hakaa'e

Dacheen dhiga boorrattee
Lafeen hunkuta bu'ee
Lakkaawameeyyuu hin dhumu
Kumaa kitilat du'e

Qabeenya hedduun mancaanaan
Daaraa taatewoo biyyoo
Yaa dhugaa dhiiga hacee
Lafa hin buusin waaqayyoo

Ammayyuu beenyaa ha baasu
Waaqni haqa kee lakkaa'ee
Siin ajjeesan maleessaa
Yoom biyyi nagaa ta'e

Biyyi guddoon hammanaa
Kallattii mara irraanuu
Tasgabbiitu dhabamnaan
Hundumtuu wal waraabu

Kaan kaan cabsuudhaaf kaata
Kaan wal fixuuf maraata
Dhugaa dhiiga Hacuukootii
Sichi balas falmata!

Ofii keenyaa dadhabnee
Dabarsine waaqayyottii
Laannewwoo ni siriisaa
Hin turre nuuf deebinaan
Ijaan ilaalaa jirra kunoo
Nummoo firiisaa

Maal akkam jigee hafa?
Dhiigni nama qulqulluu
…..Jigee hin hafuu dhugaadha
Dadhabadhaa humna hin qabneef
Waaqatu hunma ta'a
sabakoof kun ga'aadha !

Akka miidhaa hamajaajiif
Hin jirruyyuu Hin jiraannu
Silaa yoona banneerraa
Garuu waan dhugaa qabnuuf
Waaqatu nu gargaarraan
Jirra kunoo hundeerraa

Dadhabaa humna hin qabne
Rabbit qabee tirsee
Galma barbaadeen ga'aa
Aameen jedhi oromookoo
Diinnikee inni kaleessaa
Walitti diina ta'ee
Guggubee wal akaa'aa

Sichis dhugaan kee hin badu
Suuqaaf gola funaaee ifa ba'ee mul'ataa
Yaa kan dirmannaa hin qabnee
Saba koo yaa oromoo
Siif waaqatu dubbataa

Garuu, haqa kee dabarsitee
Taakkuu takka illee haa taatu
Hin sharafin of jalaa
Tokkummaa kee jabeessii
Wal walii kee eeggadhu
Sirraa kanatu tolaa

Halagaaf baandaa taatee
Borin jiraadha jettee
Hin fiigi orma jalaa
Ormi yoomiyyuu ormaa
Anaaf situ koodeedhaa
Ormi bor sirraa galaa

Imimmaan qaroo keetii
Eelaa isa Marrummaankeef
waaqni furmaata hin fidaa
Waan isiniif hin taane
Gamtaan lafaa ka'aatii
Hin ta'u jedhaa didaa

Yoo tukkummaan jiraate
Hin shakku shakkii hin qabu
Rakkoo kamuu hin darbinaa
Xumura dubbii kootii
Gabrummaa jala teenyee
wal gabroomsuun salphina!!



“Qeeqni dhimma og-barruuf laatamu qoraan itiin barreessaan bilchaatudha”

Bilisummaa Shibbiruu

(Qopheessaa Barruu Walaabuu)

Yooyyaa harka fuune maatiwwan og-barruu oromoofi uumanni oromoo martinuu nagaan kiyya bakka jirtanitti isin haa qaqqabu jechaa, dhimma og-barruu oromoo irratti gama kiyyaan waanta xiqqoof naaf galen dubbadhuu fedha; tarii yoon dogoggoreef arrabaa mucucaadhe immoo gamanuumaan maqaa og-barruu oromof Barruu walaabuutiin dhiifama guddaan isin gaafadha, dubbisa gaarii!

Akkuma armaan olitti isiniif kaase egaa qaphxii ani gabadhee as dhiyaadhe dhimma og-barruu oromoo irratti akka ta’e isin hubachiiseen jira; isuma kana irratti hundaa’uudhaan mata dureewwan gaggabaaboo muraasa tokkon isiniif caqasa. Akkasumallee Aachi jalatti dhimma og-barruuf Aartii oromoo irrattin waa dubbadhee darba!

Og-barruun Oromoo sadarkaa kam irra gaheera?

Akkuma nutuu argaa jirru kana og-barruun oromoo yeroo hammaa kanatti sadarkaa quubsaadhaan deemuu baatufi tarree og-barruu saba biroo gahuudhaaf baatus hanga tokko kan duriirra tarkaanfatee jira "hin jiru" sadarkaa jedhamu bira darbee sadarkaa "jira" jedhamu irra gahee jira. Egaa galanni hayyoota keenya warren Lubbuu isaanii gumaachanii qubee afaan oromoo nu biraan gahan kanneen akka Hayilee Fidaa fi Sheek Bakrii Saaphaloof haa taatuu har'a kitaabolee afaan oromoo hedduu sadarkaa itti argachuuf barreessitoota hedduu sadarkaa itti horachuu irra geenyee jirra.

Inni kunimmoo inumaayyuu kanaan gahe kan nama jechisiisu osoo hin taane daran kitaabilee afaan oromootiifi barreessitoota afaan oromoo hedduu gara fuulduraatti horachuun hammallee cimee itti fufuu qaba. Sababni isaa dhaloonni kanaan bodaa akka abboota keenyaa osoo hin taane carraa qubee afan oromootiin katabuu fi dubbachuu argatanii waan jiraniif fuulduraaf barreessitootaaf kitaabilee afan oromoo hedduu abdiidhaan eegganna!

Akkuma kana gama biraatiin immoo yaadni jiru:- kitaabileen afaan oromoofi barreessaan oromoo heddummatuyyuu gama kitaabileetin hammallee hanqinnii hedduun jira. Innis kitaabonni falaasama garaa garaa Kan afaan ingiliffaan barraa'anii addunyaa irratti beekkamtii qaban gama afaanota birootiin hedduu hiikamanii dubbifamaniyyuu gama afaan oromootti yoo dhufne kitaaba falaasamaa afaan biraa irraa gara afaan oromootti hiikame argachuun hedduu cima; hammatti falaasamni afaan Oromoon barraa'e yoo jiraate kitaaba tokko qofaan quba qaba. innis kitaaba GAAFFIIF SODAA DHALA NAMAA Jedhu kan barreessaa Haabtaamuu Addunyaatiin barraa'e qofaan arge ani akka dhuunfaa kiyyaatti. Kunimmoo maaliif akka ta'e naaf galuu baatuyyuu sadarkaa og-barruun oromoo hamma irra jiru kana caalatti foyyeessuudhaaf kitaabileen falaasamaa kan addunyaan dubbise afaan oromoottis hiikamee nu qaqqabuu qabaan dhaamsa kiyyadha.

Haalli hirmaannaa hawaasaa fi ilaalcha hawaasni Oromoof barreessitoonni oromoo eebba kitaabaaf qaban maal fakkata?

Akkuma beekamu oromoonis aartii mataa isaa qaba. Kana cinaadhaan immoo Aartistiis kan mataa isaa kana isa kana walitti himuuniyyu hagas mara dhimma jabaataa miti. Haa ta'ullee malee garuu, hawaasa keenya birattii sirni eebba kitaabaa fi CD Hedduu waanna baratameef amaleeffatame natti hin fakkaatu. Sababni isaammoo maalidha jedhanii gaafa gaafatan nama rakkisa deebii dhufu amananiifudhachuun.

Kitaabni tokko akkuma barraa'een eebbifamuu waan qabuuf (dirqamas miti) barreessan kitaaba isaa qabatee gara Galma giddu gala aadaa oromoo kan magaalaa finfinnee laga harreetti argamuttii geeffata. Isayyuu kadhaa, sossobbaa fi deemsa harka lafa jalaatiin booda galmi eeyyamama (keessumaa barreessitoota beekkemtii/ tiffoozoo hin qabne) heddumminaan mudata waanti kuni. Haa ta'u egaa aarsaaf dadhabbiiwwan kanaan booda kun hunduu xummura argatee gaafa sagangaan eebbaa gahu, sirni eebba kitaabaa gosa lamatu gaggeeffama

- ✓ Kan barreessaa karaa miidiyaa garaa garaatiin beekkamtii qabuu yookan foddaa TVn mul'atee beekuu galmi bakka teessoof dhaabbii dhaba.
- ✓ Kan barreessaa haaraa yookaan Tiifoozoo hin qabneemmoo galmi duwwaa fakkaatee nama waltajjii irraa dubbatutti "kophaan haasa'aa jiraa galma duwwaatti?" gaaffii jedhu kaasa!

Walumaa galatti egaa kana lamaan hirmaanneedhuma taatee uumame kana of gaafachaa galla. Isa akkanaa kana ani akka dhuunfaa kiyyatti nan balaaleffadha. Sababni isaammoo, barreessaa jajjabeessinee kitaaba eebbisiifnee og-barruu keenya guddisna taanaan waan tokko.

Lakkii nama beekkamtii qabnu jala deemnee isa ol adeemaa haamilee isaa buufna taanaan immoo, akkuma guyyaa tokko sirna eebba kitaaba **siifileen** irratti dubbadhe, gochaan keenya kun waan akka nama lama taanee biqiltuu tokko dhaabnee tokko bishaan itti naqa tokko asiidii itti naqa hiree biqiltuu sanaa waaqni haa beeku!

Dabalataan immoo eebba kitaabaa irratti weellistoonni oromoo bebbeekamoodhaafi taatonni fiilmii bebbeekamoon baay'inaan hin argamani. Kuni maal irraa akka ka'e anaaf gaaffiidha isan deebisaa! Ani kitaaba eebbisiisuutu qaaniidha ta'ee fi mana isaanii deemnee aachitti eebbisna ta'ee Hin beeku!

Faalladhuma kanaan gaafa Weellisaan illee CD eebbisiifatu barreessaan hundi irratti hin argamu. Kana cinaan hawaasnumtillee irratti argamuu fi aartistii isaa jabeeffachuu amaleeffannaa hin qabu. isa kana "nama biraatu dhufee aartii oromoo Jajjabeessa" oduu jedhan dhaga'e ta'ee beekaa wal jalaa callisa ta'ee namaaf hin galu.

Gabaabumatti

- ✓ Weellisaaf taatoon fiilmii beekamaan eebba kitaaba afaan oromoo irratti argamee og-barruu isaa jajjabeeffachuu qaba.
- ✓ Barreessaanis eebba CD sirbaas ta'ee eebba Filmii/suur-sagalee afaan oromoo irratti argamuu qaba.
- ✓ Weellisaa, barreessaa fi hawaasni oromoo dhangaaf sagantaa aartii isaa irratti haalan argamee bareechachuu qaba malee, kan isa tokkoo mana guutee kan isa tokkoo hafee waan fokkisaa dalaguu hin qabu. aartiin kabaja aartistiinis kabajadha!

Rakkoon og-barruu oromoo mudachaa jiru maalidha?

Gaaffiif qeeqa yeroo hundumaa og-barruu oromoo irra gahu ilaalchisee, wantoota hedduu kaasuu ni dandeenya. Isaan kunneenis kanneen akka hir'ina qubee, ergaa gaarii qabaachuu dhabuu golgaa kitaabaa, mi'aa/dhangaa dhabuu kitaaba sanaa, maqaan kitaabaa wal fakkaachuu, gatiin kitaabaa humnaa ol ka'uu fi kkf kaasuu dandeenya.

Isaan kunneen maal irraa akka maddan kaasuuf ilaaluun illee akkasuma qaphxii ijoodha. Dogoggoroonni muraasni armaan olitti kaafaman kunneen kan isaan irraa maddan ani akka dhuunfaa kiyyaatii wantoota sadii kaasuun danda'a. isa hafe immoo namoonni biroo furmaata isaa wajjin akka hawaasaaf ibsitan gamasumaanin isin affeera!

1. Hanqina barreessaa bira jiru:-

Kana gaafan jedhu barreessaan tokkoo yeroo kitaaba barreessee uummatatti dhiyeessu, hanqinoonni tokko tokko isa mudachuu ni malu. Isaan kanneen keessaa muraasni barreessuu dura dubbisuu dhabuu, Dirree og-barruun duubattii argamuu, barreessaaf gulaalaa wajjin wal quba qabaachuu dhabuu fi kkf kaasuu dandeenya. Wantoonni kunneen egaa kitaaba tokko qulqullina isaa gadi buusuu fi fudhatama dhabsiisu danda'u.

Kanaaf maal wayyaree?

Namni tokko kitaaba barreessuu isaa dura, kitaaba dubbisuu ni qabaata. Barreessaaf gulaalaa wajjin wal quba qabaachuufi muuxannoo irraa fudhachuu qabaata. Gaafa akka kana ta'e egaa waanti barraa'ee as bahu, fudhatama gaarii kan qabaateef kitaaba dubbistoota biratti jaallatamaa ta'ee argama. Isa kana oromoon yeroo mammaaku "dhuufuun maryatanii dhuufan hin xiraa'u" jedha mitiiree? Isinimmoo waan hafe xummuraa!

2. Hanqina Gama gulaalaan mul'atu

Isa kana ilaalchisee immoo kitaabni tokko miidhagee as bahuu keessatti gulaalaan illee gahee olaanaa qaba. Kitaaba gaafa gulaalaa tokko laatan maqaa isaa qofa akka aachi gubbaa kaa'uf osoo hin taane waanta barreessaa sana jalaa dhokate tokkoof waanta sirrachuu qabu akka sirreessuuf ta'uu namuu quba qaba. Haa ta'uyyuu maleemmoo "gulaalaa jechuun nama hanga dhumaatti beeku" jechuu miti. Namni tokko kennaa waan hedduu qabaachuus danda'aa dhiisuu illee ni danda'a isa kana jala sararree hin murteessinu.

Haa ta'uyyuu maleemmoo, namni tokkoo yeroo inni kitaabaa asoosama, walaloo,seenaa, xiin-sammuu fi kanneen biroo illee gulaalee yaada irratti kennu deddeebiidhaan argaa jirra. Namni kun tarii barsiisaa afaanii yookaan immoo barsiisaa Fooklorii yoo ta'e, tole! Anis irrattan waliif gala; garuummoo waanuma barreessaa beekamaa ta'eef qofa barreessaan hunduu yaada isaa dugda kitaabaa irra kaawwachuudhaaf adamsa taanaan, nama sanallee gara of tuulummaatti naquu ta'a. dabalataan immoo akka namni sun kitaabilee akka gulaaluuf itti laatamee seeraan caqasee hin dubbisne taasisa.

Dabalataan barreessaan gaafa kitaaba tokko barreessee gulaalaatti kennu nama saditti yeroo tokko osoo inni kennuu agarra. Haa ta'uyyuu egaa gulaaltonni sadan yaada garaa garaa sadi kitaaba sanatti dabalanii kitaaba tokkotti miila sadif karaa irra deemamu sadi itti kennanii gaafa deebisan kitaabni kun haalan gulaalamuun isaa nama yaaddessa. Kompiitara irrattillee ilaaluudhaaf yaada nama sadii wal bukkee qabuun ni ulfaata. Kana malees immoo kitaaba sana waan hin gulaalaamiin hafe fakkeessa.

Hub. Iddoo kanatti waantin jechuu barbaadu barreessaan kitaaba barreesse tokko, osoo haalaan hin bilcheessiin gara gulaalaatti yeroo kennus ni mul'ata; inni kunimmoo gulaalaa sana nuffisiisuu illee ni danda'a. ijaa kanaatiifiyyuu, barreessaan ilaalcha gulaalaan gahee guddaa bahachuu qaba jedhee osoo haalaan bilcheessee hin xummuriin, gulaalaatti kennuun illee waanta sirrachuu qabudha!

- **Kanaaf maal gochuu qaba?**

Kitaaba Asoosamaa nama asoosama barreessu, saayinsii asoosamaa beekuuf nama gahumsa itti qabu gulaalchisuu.

Kitaba kuusaa walaloo nama ogummaa walaloo qabuu gulaalchisuu.

Kitaaba Xiin-sammuu nama xiin sammuu irratti barnoota gahaa qabuu fi barsiisaa yookaan barataa xiin-sammuu gulaalchisuu.

Kitaaba seenaa hayyuu, beekaa fi barsiisota seenaa gulaalchisuu.

Hubachiisa:- Hanga kana hin taanetti, kitaaba walaloo nama Ogummaa xiin-sammuu qabu gulaalchisaa, asoosama waloo Gulaalchisuun anaan nan gammachiisu. akkasumallee waanta hin barbaachisne ta'uu isaa wal hubachiisuun waanta gaariidha jedheen yaada. Kanaafi egaa qulqullina dhabuu kitaabilee garaa garaa keessatti kana gulaaltotaf akka hanqinaatti fudhadheef!

3. Rakkoo baajataa

Isa kana immoo ani kanan kaaseef barreessaaf Dabtara qusannaa bannee, galii walitti qabna jedhee yaadee osoo hin taane, barreessaa tokko jalaa wantoota hojii isaa gatii dhabsiisaniif qulqullina kitaabaa hir'isan keessatti eeramuu waan qabuufan eere? Gaaffiin *"akkamitti rakkoon baajataa qulqullina kitaabaa gadi buusaa?"* jedhu sammuu namaatti uumamuu mala. Isa kanaaf haala kanaan yoo wal hubanne gaariidha!

Akkuma eenyu keessan beektan barreessaan oromoo kan galii waa qabuuf dinaagdee mataa isaa sochoosu dhibbeentaadhaan gaafa keenyu yoo baay'ate 25% ta'a jedheetan yaada. Irra caalaan barreessaa oromoo hoji dhabaaf nama waan ittiin jiraatuyyuu sassataa fayyadamu akka ta'e namni wallaale yoo jiraate barreessitoota oromoo mana mana isaanii deemee haa dubbisu.

Barreessan tokkoo kitaaba barreessudhaaf meeshaan ni barbaachisa keessumaa laptooppii, kompiitara, taableetii fi meeshaalee barreeffamaaf oolan kanneen biroo illee jechuudha. Kuni ta'ee osoo jiruu, barreessaan oromoo hedduun akkan itti siqeenyaan beekutti, hedduun isaa meeshaalee barreeffamaaf oolan kanneen ani armaan olitti eere kana hin qabani kaan walirraa ergifataa kaan immoo mana intarneetaa yookaan mana maxxansaa (isteeshinarii) deemeetu daqiiqaadhaan yookaan saatiidhaan kanfalee barreessa. Kitaba tokko guyyaa tokkotti xummuruun waan namatti ulfaatuuf guyyaa biros akkasuma godha. Osuma haala kanaan jiruu waan nama gaddisiisu immoo yookaan filaashiitu jalaa gubata yookaan immoo osoo barreessuu osoo inni 'save' hin godhatiin ibsaan baddi.

Namoota rakkoon akkasii yeroo hedduu mudate osoon asirratti maqaa isaanii kaasee gaafattanii waan garaan nama jibbu hedduu illee irraa dhageessu. Gara biraa osoo hin deemne mee ana mataakoo rakkoo na mudaten isiniif kaasa naaf hubadhaa! Kitaaba kiyya Kuusaa walaloo Dhaddacha Sobaa yeroon katabaa ture dursa waraqaa irrattan katabe. Sana booda garuu laptooppii ergifadheen barreesse lamaan tokko dubbiseen gulaalaa jalqabaatti laadhe. Turtii muraasa booda gulaalaa isa jalqabaa biraa natti deebinaan yaada gulaalnkoo naaf dabale fudhadhee ilaalee waanan ajajame sirreesseen isa lammataatti kennee.

Guyyoota muraasa booda gulaalaa isa lammataa biras nan fudhadhe. Yaada inni naaf kaa'e osoon sirreessaa jiruu laaptooppii ani ergifadhe qubeewwan muraasa naaf bareessuu didee rakkoo hamaaf na saaxile. Isa booda qubeewwan na didan sana bakka isaan barbaachisanitti gaafan barreessuu yaadu 'sellect' godheetan 'copy paste' taasisee dabarsaa ture; haaluma kanaan gulaaltota nama sadi gulaalchiseen irra deddeebiidhaan ilaalee mana maxxansaa galchuuf osoon qophiitti jiruu, meeshaan sun Alana immoo cirumaa banamuu dide. Akka carraa gulaaltota harkaa yeroon fuudhe dhumarra kan flash irra jiru waan jiruufan meeshaa nama biroof bakkee garaa garaa deemee mana maxxansaa galche. Torbee lama booda gaafa kitaabni Dhaddacha Sobaa mana maxxansaatii bahu ilaalee hedduun gaddee osoon qaana'uun mana kitaabaa garaa garaatti raabse.

Nan beeka haalonni waan na jeeqaniif kitaabni sun dogoggora qubeef haala qindoominaa na jalaa godhatanii ture. Isa kanaaf yeroo sanatti gulaaltota maqaan isaanii qola sanarra jiru osoo hin taane hir'ina kiyya ta'uu nan amana. Sanumaan wal qabsiisee "dhiifama" jechaa maxxansa lammataa isaa akkan silaa yaadetti dalagee xummureen jira. guyyaa tokko haala gaariin maxxanfamee ni baha!

Egaa rakkoon gama dinaagdeetiin barreessaan oromoo keessa jiru haala kanaan hanga kitaabaa illee gadi buusuu isaa caalatti isiniif ibsuu dhaafan dhimma dhuunfaa kiyyaa fakkeenya isiniif fudhadhe.

Ilaalcha hawaasni kitaabota Afaan oromoof qabu maal fakkaata?

Isa kanan wal qabsiisee hawaasni keenya gama dubbisuu irratti rakkoo hammaattu qaba. Kunimmoo badii barreessaa qofaa osoo hin taane, hawaasni keenya ahammayyuu kitaaba akka meeshaa ittiin huuba qoonqoo muraniitti ilaalee sodaata. Kitabni afaan oromoo hedduminaan haa barreeffamuu haa maxxanfamuyyuu malee hammayyuu gama dubbisaa wajjin wal argachuutiin fagoo jira. Inni kun immoo araada dubbisuu dhabuu hawaasa keenyaa irraa kan ka'e kitaabniif hawaasni waliif alagaa fakkaatu. Isa kana gaafa hawaasa gaafattu akka waan kitaabni sirriin hin jirreetti dubbachuufi kitaaba kaan immoo tuffachuun ni mul'ata.

Fakkeenyaaf:- kitaaba walaloo namni dubbisuu hagas maraa miti. Sababni isaammoo namni kitaaba walaloo akka waan kitaaba hin taaneetti lakkaa'a. garuu dubbiin faallaa ta'ee argamuudhaan kitaabni walaloo fi walaloon bu'uura waan hundaati. Gabaabumatti bakki walaloon dhabame hin jiru! mana amantaa garaa garaatti faaruu, manzuuma, sirba, geerarsaaf kkf…. Bu'uurri isaanii jalqabaa walaloodha. Kana namni kamuu osoo itti yaadee kitaaba walaloo dubbisuu tuffachuu baatee gaarii ta'a.

Gama biraan immoo kitaaba seenaa, xiin-sammuu fi amantaa irraan kan hafe namni keenya asoosama illee ni tuffata. Kunimmoo Kitaabni tuffatamuuf barraa'e jiraatee osoo hin taane namni keenya hammayyuu kitaaba dubbisuudhaaf kaka'umsa hin qabu. hammayyuu hawaasa keenyaa kitaaba dammaan tuqanii walitti madaqsuun barbaachisaadha. Hawaasni keenya kitaaba sukkaaraan malee duwwaa dhamdhamuu hin eegalle.

Walumaa galattii hawaasni keenya ilaalcha booddeetti hafaa kitaabaaf qabu

sirreeffachuu qaba; kitaaba kamuu dubbisuu qaba araada kitaabaa dammaanis ta'u sukkaaraan of qabsiisuu qaba!

Rakkoon og-barruu oromoo keessatti mudachaa jiru ni furamaa?

Eeyyeen ni furama. Kan inni furamuu danda'u immoo wantootan akka hanqinoota gatii kitaabaaf dhamdhama kitaabaa gadi duusu jedhee caqase sana, hojiirra oolchuudhaan ni furama. Barreessaan kitaaba bareessuu dura haalan kitaaba dubbisuu qabaa gulaalaanis waan danda'u qofaa gulaaluu qaba!

Kan biraan kallattii ittiin og-barruun oromoo sirratu inni biraan immoo, har'atti barreessaan oromoo hedduun isaa dargaggeessa oladeemaadha. Og-barruun oromoos hin bilchaanne daa'imadha. fuulduratti barreessan si'ana nuti argaa jirru hunduu, gara umuriidhaaniifi yaadaan bilchaachuutti gaafa dhufu, kitaabilee dhama qaban barraa'uu eegalu kana cinaattimmoo barreessitoota kana booda dhufan barreessuu isaanii dura akka kitaaba dubbisan akeekkachiisuun illee qaphxii ijoodha.

Barreessaan akkamiin bilchaata? Gaaffii jedhuuf Qeeqni dhimma og-barruuf laatamu qoraan itiin barreessaan bilchaatudha; kanaaf qeeqa fudhachuun immoo isa jalqabaatidha. Kanaafuu wal qeequu, wal gorsuu, wal hubachiisuuf wal qajeelchuun dirqama barreessaafi aartistii oromoo hundaati. Barreessaan tokko gaafa kitaaba tokko barreessu, jabina isaa mul'ise osoo hin taane gatii lubbuu Hayyoota keenya qubee afaan oromoo nu biraan gahanii akka kanfaletti hubachuu qaba!

Walumaa galatti:-

- ✓ Barreessaan qeeqa isaaf laatamu haalaan fudhachuu qaba
- ✓ Barreessaan kamuu gaafa qeeqamu mufachuufi nama isa qeequun wal dhabuu hin qabu.
- ✓ Qeeqni kitaabaa hammaaf kennamaa jiru (keessumaa gara sab-himaaleen) babal'atee gara sadarkaa olaanaatti yoo deeme, hojiin og-barruu Oromoo qulqullina gaarii irra ni gaha!
- ✓ Fuulduratti barreessaan kamuu hojii qulqulluu qabatee akka as bahu abdiin qaba.

Afaan keenyaan ni dubbanna;ni barreessina!

Waan Dubbistaniif Guddaa Galatoomaa!

Jildii 10ffaan Itti fufa…….